bible educational services

# Tajaajila Barnoota Kitaaba Qulqulluu

## Qajeelfama Barsiisotaa

Kitaaba qulqulluu sadarkaa 3 fi 4

DURAA DUUBA A
Barnoota 7-12

www.besweb.com

## Tajaajila barnoota Kitaaba Qulqulluu

Dhaabbata Gargaarsaa UKtti galmaahe (Lakkoofsa 1096157)

**Ergama**

Nuti sin tajaajiluudhaan isin kanneen biroo tajaajiltu, itti fayyadama idil addunyaaf oolchuu; barnoota kitaaba qulqulluu itti fufiinsaan Dubbii Waaqayyoo qayyabachiisuudhaan dhaloota ammaa fi dhaloota boruuf oolchuu dha.

**Mul'ata**

Afaanota idil addunyaa adda addaatiin barnoota kitaaba qulqulluu oomishuu fi jajjabeessuudhaan karaa mal-quunnamtii adda addaa kanneen yaada keenya hirmaataniif gahuu dha.

## ODEEFFANNOO WALIIGALAA

**Raawwii tajaajila barnoota kitaaba qulqulluu:**

Tajaajilli barnoota kitaaba qulqulluu “Bibletime”, “New life” fi “Gleaners” afaan Ingiliffaan barnoota kitaaba qulqulluu qophaa'an yeroo ta'an manneen barnootaa kitaaba qulqulluu poostaa fi dhaabbilee wal fakkaatoo UK irraa gara idil addunyaatti daawwachuudhaan, neetworkiidhaan, gorsaa fi leenjiidhaan biraan gahuu dha. Tajaajilli barnootaa kitaaba qulqulluun yeroo ammaa kana gareewwan biyyoota biroo keessa jiran waliin hariiroodhaan hojjechaa kan jiru yeroo tahu kanneen turjumaanaa, dizzaayinii, maxxansaa fi raabsaa barnootichaa hojjetanii dha. barnootni kunneen barattoota hundaafuu kaffaltii malee gahuu qabu.

Barnootni bibletime yeroo jalqabaaf tajaajila irra kan oole Kibba Ayerlaand waggoota 50 dura ture. Tajaajilli barnootaa kitaaba qulqulluun itti gaafatamummaa gulaalummaa fudhachuudhaan afaan Ingliffaa Tajaajilli barnootaa kitaaba qulqulluun gulaaluu fi afaanota biyya alaa gara garaa gulaaluudhaan hirmaataa jira. barnoonni bibletime durumaanuu waraqaa A4 irratti kan maxxanfame yeroo tahu barattoota bakka adda addaa jiraniif turban afur afuriin barnoota kana gara wiirtuu barnoota kitaaba qulqulluutti akka deebisanii fi qabxii itti argatanii kan taasisuu dha. Yeroo dhiyoo asitti galanni Sosochii Haaromsaaf haa tahu malee Beelfaast, keessatti barnootni baatii jahaa waraqaa A5 irratti maxxanfamuudhaan waldaalee fi manneen barnootaa akka salphaatti kan itti fayyadaman ta'uu isaanii keessumattuu bakkeewwan tajaajila poostaa hin qabneef faayidaa kennaa turee jira.

Tajaajilli barnootaa kitaaba qulqulluun barnoota biraa irraa adda kan isaan taasisu manatti ykn gareen kan qopheeffamanii (waldaa/mana barnootaatti) qorannoodhaan caasaa barnootaa karoorfameen barattoonni hanga waggaa 20tti akka itti fufan kan taasisanii dha. Garaagarummaa umriidhaan kan kennaman sadarkaalee barnootaa shank an qabu yeroo tahu kanneen umrii barnoota seenuun duraa, waggaa 5-7, waggaa 8-10, waggaa 11-13, waggaa 14-16 jiraniif kan qopheeffamanii dha. tokkoon tokkoo gareewwan umrii kanneeniif qo'annoo waggaa sadiitu kenname. (fuula 4 ilaalaa). Gareen umrii kanneen sadarkaa hubannoo irratti hundaahuudhaan kan kennamanii dha. Qabiyyeen bibletime ijoolleen dubbii Waaqayyoo akka qorataniif carraa kennuudhaan seenaa kitaaba qulqulluu barachuudhaan jireenya isaanii keessatti barsiisa kitaaba qulqulluu akka jiraataniif kan dandeessisanii dha.

Kooppiiwwan barnoota kanneen maxxanfaman Ingiliffaadhaan marsariitii Tajaajilli barnootaa kitaaba qulqulluun irraa www.besweb.com irratti kan argaman ykn Barreessaa idil addunyaa keessatti kan argamanii dha. Afaanota birootiinillee marsariitii irratti ni argaman. Tajaajilli barnootaa kitaaba qulqulluun isin unuu waliin hariiroo qabaachuu yoo feetan marsariitii irraa buufachuun itti gargaaramuu ni dandeessu.

## Teessoo quunnamtii Tajaajilli barnootaa kitaaba qulqulluu

**Barreessaa kaabaa Ayirlaandifi kan guutuu biyyaa lafa kan (Rabsaa barnoota hundumaa)**
37a Belmore Street, Enniskillen, Northern Ireland BT74 6AA
L. Bilbilaa: 00 44 286 632 2462
Imeeyilii: sam@besweb.com

**Barreessaa UK**
Mr Stephen Gillham,
Imeeyilii: stephen.gillham@besweb.com

**Marsariitii**: www.besweb.com
**Imeeyilii**: info@besweb.com

## TAJAAJILLI BARNOOTAA KITAABA QULQULLUU

Tajaajilli barnootaa kitaaba qulqulluun jalqaba irraa kaasee bakkeewwan tajaajila poostaa hin jirre akka manneen barnootaa fi waldaalee Afriikaa, Hindii fi bakkeewwan biroo keessatti tajaajila kennuun isaa dabalaa dhufee jira. Qajeelfamni barsiisotaa kanneen barnoota kana fayyadamaniif qopheeffamanii dha. Barruulee kane keessatti qajeelfamni barnootaa sadarkaa 3ffaa fi sadarkaa 4ffaafi umrii hanga waggaa 11-16 jiraniif kan oolanii dha.

Qajeelfamni barnootichaa tokkoon tokkoon isaanii akkuma barnoota bibletime irra jiruutti wabii wal fakkaataa kan qabani dha. Barnootni bibletime fi qajeelfamoonni isaanii torbaniif akka oolaniif kan qopheeffamanii dha. Barnootni baatii Eblaa keessumaayyuu ayyaana Faasikaa irratti xiyyeeffannoon kan barreeffaman yeroo tahan barreeffamnoonni Muddee ammo ayyaana Dhalootaa Gooftaa Yesuus Kiristoosiif akka oolanitti kan barreeffamnii dha.

Barruulee kanneen yeroo itti fayyadamntan xumura barnootaa tookkoon tokkoo isaanii irratti barruuleen kunneen walitti qabanmanii qabxiin irratti taasifama. Haalota baay'ee keessatti kun rakkisaa tahuu isaa hubannee jirra. Kanaafuu kutaa barnootaa keessatti barruuleen kunneen raabsuudhaan barsiisaan ykn hoogganaan barnoota kennuudhaan barattoonni barnoota hiriyaa isaanii irratti qabxii kaa'uudhaan qabxii akka itti kennan taasifamu. Xumurta barruulee kanneen irratti bakki qabxiilee baatii sanaa itti galmeessan waan jiruuf guddina barataa saanaa ilaalchisee bakki yaadni itti kennamus ni jira. Barataan kunis barnoota baatii jahaaf kennamaa ture sirriitti xumuruu isaa kan agarsiisu xumura irratti waraqaan ragaan ni kennamaaf.

## QOPHII BARSIISOTAA

Barsiisonni waan ofii isaanii yaadanii fooyyee qabsiisanii dhiyeessan akka hin barsiifneef dhorkuu hin barbaadnu waan taheef kaka'umsa barsiisotaa mala mataa isaanii fayyadamanii barsiisuu hin dhorkinu. kunneen qabiyyee bibletime fayyadamuuf yaada kennamanii dha.

- **Seenaa sana beekuu** – barsiiftonni seenaa kitaaba qulqulluu irra jiru beekuu fi barnoota bibletime waliin firoomsuudhaan fayyadamuu qabu. Yaadaanuu barnootni bibletime barsiisaan barnoota sana xumuruun dura itti fayyadamuu qaba. qajeelfamni tokkoon tokkoo barnootichaaf kenname karoora barnootichaaf xiyyeeffannoo kan kennu ta'uu qaba.
- **Barnoota kennamu hubachuu** – karoora barnootichaa mata duree irratti jechuuta "wanti amma barannu" kan jedhan fedhii ijoolleen qaban lamaan erga seensessuu barsiisaa dhaggeeffataniin booda fi barnoota bibletime xumuraniin booda kan yaadatanii akka tahaniif dhiyaatanii jiru. Yaadni barnootaa filannoo inni duraa beekumsa waa'ee seenaa sanaa yeroo ilaallatu inni lammaffaan ammo ijoolleen waa'ee barnootichaa beekumsa qaban akka itti yaadan, akka hojii itti hiikanii fi deebii akka kennanii dha. Filannoowwan barnootaa kunneen yaadrimee ijoo/dhugaa jiru barnoota kana keessatti barsiifamanii fi barsiisonni ammo madaallii mataa isaaniif itti fayyadamuu fi madaallii mala barsiisuu fi barachuu gaggeessuudhaaf isaan gargaara.
- **Wal barsiisuu** – barnoota hundaa keessatti ijoolleen haala kana irratti mudannoo mataa isaanii akka calaqqisan taasifamu. seenaa kana ijoollee kanatti himuudhaaf ijoolleen hirmaannaa cimaa akka taasisaniif jalqabbii seenaa kanaa irratti wal barsiisuu qabna.
- **Barsiisuu** – seenaa keessatti qabxiilee ijoo keenyee jirra. barsiisftonni kana yeroo barsiisan osoo qabxii ijoo kana hin tuqiin seenaa kana durumaanuu ofii isaanii yaada isaanii keessatti sammuu isaanii keessatti qayyabatanii haala hawwachiisaa taheen barsiisuu qabu. Barsiisaan barattoonni seenaa kana akka sirriitti hubatan gochuudhaaf seenaa kana irraa maal akka beekan akka calaqqisan taasisuu qaba. Kanaaf akka mijatuuf seenaa keessatti waan wal qabatee jiru mul'isuudhaaf yaalii taasifnee jirra. Kunneen yeroo hundaa qubee italics kan ilaalamanii dha.
- **Agarsiisuu** – Haalota adda addaa keessatti ijaan agarsiisuun ulfaataa akka tahe garuu hanga danda'ametti ammo boocaalee ykn wantootaan seenaa kana akka sirnaan hubatan taasisuu qabna. Gargaartuun barnootaan argaman seenessuu kana hubachiisuuf bakka guddaa kan qabu dha. Haala barbaachisaa ta'een bakka fakkiiwwan fi boocaaleen barbaachisanitti www.freebibleimages.org irratti dhiyeessuudhaan marsariitii isaanii irraa buufachuun ni danda'ama. Maddi wantoota argamanii inni biraan ammo Eikon Bible Art (info@eikonbibleart.com) yeroo ta'u kun bittaadhaan kan argamu dha. Yoo maashiniin kooppii jiraate, fakkiiwwan bibletime muraasni isaqaqnii guddisuudhaan, halluu dibuudhaan, barnootaaf itti fayyadamuun ni danda'ama.
- **Barachuu** – tokkoon tokkoo seenessaa waliin jechama furtuu ta'an kaa'amanii waan jiraniif haala tokko tokko keessatti jechama furtuu lamaan kaa'uudhaan ijoolleen sirriitti akka barataniif ni gargaara jennee dhiyeessinee jirra. Ijoolleen jechama furtuu akka barataniif akka yaadataniif akkasumas jechoota dubbii kitaaba qulqulluu akka yaadataniif goonee jirra.

- **Xumuruu** – Mana barnootaa keessatti ijoolleen gilgaalota akka hojjetanii fi deebii akka kennan gochuudhaan barsiisaan gargaarsa barbaachisu akka kennu taasifama. Isaan muraasaaf barsiisaan seenessa sana dubbiseefii ijoolleen ammo seenessa kana irraa maal akka hubatan ni gaafatamu. Daa'imman gara biroon ammo dubbisuudhaan deebii akka kennan gaaffii ni gaafatamu. Haala lamaanuu keessaa ijoolleen qajeelfama kennamuu akka hordofaniif gaaffii gaafatamu. Haala mana barnootaa hin taane keessatti bibletime ni fayyadamta yoo taate akka qormaata hin taane gargaaruun barbaachisaa dha. Barnoonni kennamu bohaartiif kan ooluu fi gammachiisaa tahuu akka qabuu fi ijoolleen hojii hojjetanif isaan jajjabeessuun barbaachisaa dha.
- **Keessa deebi'uu** – Maloota biroo salphaa fi hubatamoon qormaata, ykn barnoota kana gargaaruudhaaf seenaa keessa deebi'uun barbaachisaa dha.
- **Ittiin jiraachuu** – kutaan kun waan mata duree waan qabatuuf, barnoonni kun akkamiin nuun qoraa fi hojii garee kennuudhaan deebii dhuunfaa funaanuudhaan qormaata barnoota kanaa deebisuu gaafata.

## Jechama furtuu barsiisuu

1. Jechi furtuun waraqaa qofaa tokko irratti barreeffamee ykn boordii jechoota baay'ee waliin barreeffamee ijoolleen akka irra deddeebi'anii jedhaniif hanga jechi kun haqamutti barattoonni akka jedhanii fi erga haqamee boodas akka yaadatanii jedhan taasisuu dha.
2) Iddootti Kitaaba Qulqulluun argamutti taphnicaqasa Kitaaba Qulqulluu ni adeemsifama.Ijoolleen caqasa sana argachuudhaaf wal dorgomu, caqasa sana calqabaa kan argate, sagalee isaa ol fudhateet dubbisa.
   a) Garee lamaaniin nama rarraasuu – xalayoota baay'ee – bakki jechi furtuun jiru qubeessaa adda taheen barreessuudhaan – ijoolleen qubee isa kamiin akka barreeffamuu qabu filachuudhaan hanga isaan keessaa tokko jecha sana yaadatee jedhutti irra deddeebisuudhaan gaafachuudhaan raawwatama.
   b) Yoo kitaaba qulqulluun jiraate dirriilii eeboo kanaan barattoonni jechama sana barbaaduudhaan kan dura argate akka dubbisu taasifamuudhaan raawwatama.

## Karoora yeroo

- **Duraa duuba –** tokkoon tokkoo barnootaa barsiisuudhaaf duraa duuba isaanii eeguudhaan keenyee jirra garuu barsiisonni kana yeroodhaa gara yerootti jijjiiruuf barbaaduu danda'u.
    1. wal barsiisuu fi seenmessaa dubbisuu – tilmaamaan daqiiqaa 15
    2. jecha furtuu barsiisuu – daqiiqaa 5-10
    3. workishiitii guutuu – daqiiqaa 20
    4. qormaataa fi gochoota – daqiiqaa 5-10

Waan jedhamu kana yaadadhu

"Yoo natty himte nan irraanfadha;
Yoo natty agarsiifte nan yaadadha
Yoo na hirmaachifte nan qayyabadha."

## Seera barumsa Kitaaba Qulqulluu.

| | SADARKAA 0 (B/sa dura)<br>SADARKAA 1 (Umrii 5-7)<br>SADARKAA 2 (Umrii 8-10) | SADARKAA 3<br>(Umrii 11-13) | SADARKAA 4<br>(Umrii 14 ol) |
|---|---|---|---|
| Kan jalqabaa | Barnoota jalqabaa – wal barsiisuu | Barnoota jalqabaa – wal barsiisuu | Barnoota jalqabaa – wal barsiisuu |
| SEERA BARUMSAA A | 1. Uumama<br>2. Nohi.<br>3. Phexros.<br>4. Fannoo Phexros.<br>5. Abrahaam<br>6. Abrahaam<br>7. Phexros<br>8. Phexros<br>9. Yaaqoob<br>10. Kristaanoota durii<br>11. Phaawulos<br>12. Dhaloota Yesus | 1. Uumama<br>2. Nohi.<br>3. Phexros.<br>4. Fannoo Phexros<br>5. Phexros<br>6. Abrahaam<br>7. Yaaqoob<br>8. Kadhannaa<br>9. Phaawulos<br>10. Phaawulos<br>11. Phaawulos<br>12. Dhaloota Yesus | 1. Uumamaafi kufaatii<br>2. Guddina duri seer uum<br>3. Phexros<br>4. Fannoo Phexros<br>5. Phexros<br>6. Abrahaam<br>7. Yaaqoob<br>8. Jireenya kiristaanummaa<br>9. Phaawulos<br>10. Phaawulos<br>11. Phaawulos<br>12. Ayyaanaa dhaloota |
| SEERA BARUMSAA B | 1. Jireenya kiristaana isa jalqabaa<br>2. Raaji<br>3. Bitaaniyaa<br>4. Fannoo<br>5. Fakkeenya<br>6. Yoseef<br>7. Yoseef<br>8. Namoota Yesus argate<br>9. Musee<br>10. Musee<br>11. Musee<br>12. Seenaa ayyaana qillee | 1. Fakkeenyoota<br>2. Waan rajjii<br>3. Bitaaniyaa<br>4. Fannoo<br>5. Kristaanoota durii<br>6. Yoseef<br>7. Yoseef<br>8. Barreessitoota wangeelaa<br>9. Musee<br>10. Musee<br>11. Musee<br>12. Seenaa ayyaanaa qillee | 1. Fakkeenyoota<br>2. Waan rajjii<br>3. Bitaaniyaa<br>4. Fannoo<br>5. Kristaanoota durii<br>6. Yaaqoobifi maatii isaa<br>7. Yoseef<br>8. Ho.E. 2:42 karaagara fundura<br>9. Musee<br>10. Musee<br>11. Seera<br>12. Seenaa ayyaanaa qillee |
| SEERA BARUMSAA C | 1. Daani’el<br>2. Waan dinqii baay’ee<br>3. Waan dinqii baay’ee<br>4. Du’uu Kristoos<br>5. Ruutiifi Saamu’eel<br>6. Daawiit<br>7. Daawit<br>8. Iyasuu<br>9. Eliyaas<br>10. Elsaa'in<br>11. Yoonataa<br>12. Ayyaana dhaloota Yesus | 1. Daani’el<br>2. Waan dinqii baay’ee<br>3. Waan dinqii baay’ee<br>4. Du’uu Kristoos<br>5. Ruutiifi Saamu’eel<br>6. Daawiit<br>7. Daawit<br>8. Iyasuu<br>9. Eliyaas<br>10. Elsaa'in<br>11. Nama Waaqayyo ittifayyadame kakuu moofaati<br>12. Ayyaana dhaloota Yesus | 1. Daani’el<br>2. Fakkenya Yesus<br>3. Aangoo gooftaa<br>4. Du’uu Kristoos<br>5. Ruut<br>6. Saamu’eel<br>7. Daawit<br>8. Iyasuu<br>9. Eliyaas<br>10. Elsaa'in<br>11. Amala heddu k/moofa<br>12. Ayyaana qillee |

| | **A7 – Sad. 3**<br>**Barumsa 1 – Jireenya Yaaqoob.**<br>**Barnoota – Kan gowwoomsu.** | **A7 – Sad. 4**<br>**Qu’aannoo 1 – Jireenyaa Yaaqoob.**<br>**Barnoota – Kan gowwomsuu.** |
|---|---|---|

**A7 – Sad. 3**

**Xiyyeeffannoo macaafa qulqulluu:** ***Uma 25: 21-34 fi Uma. 27: 1-29***
**Luqqisii furtuu:** ***Faar. 32: 1***

**Kutaa kana keessaatti kan barannu kan armaan gadiiti.**
1. Cubbuu yoo hojjeenne waaqayyo nuuf dhiisuu danda’aa.
2. Waaqayyo hundaa keenyaaf nuuf dhiisuufi nu eebbisuu barbaada.

**A7 – Sad. 4**

**Xiyyeeffannoo macaafa qulqulluu:** ***Uma 25: 19-34 fi Uma. 27: 1-41***
**Luqqisii furtuu:** ***Rom. 5:-8***

**Kutaa kana keessaatti kan barannu kan armaan gadiiti.**
1. Waliin dhawuufi sobni gammachuu keenyaa nurra fageesse, jireenyaa keenyaa jeequmsaan guutuu danda’aa.
2. Waaqayyo namoota hundumaaf nama akka yaaqoobiif illee osoon hafiin karoora qaba .

## WAL BARSIISUU

**A7 – Sad. 3:** Qoramuu jechuum maal jechuu akka ta’ee irraatti mari’aadha. Akkasumamoo haaloonni akka nuti sobnuu nu taasisaan maal akka ta’aan irraatti mari’adha. Haalota kanaafi Maaliif akka sobnuu tarreessaa. Akkasumaas nu qajeelu fi haaloota akka nuuf qajeelaan godhaan , akkasumaas maaliif akka nuuf qajeelu irraatti mari’adhaa.

**A7 – Sad. 4:** Bu’aa gocha keenyaa kamiyyuu wajjiniin jirachuuf dirqama keenya. Isa kana ammo jireenyaa dhuunfa keenyaa wajjiin walitti haa firoomsinuu. Fakkeenyaaf isiin yookiin namni biraan isiin beektan yeroo rakkina keessaatti kuftaan yaadadhaa. Tarii ammoo sababa sobdaanii fi waliin dhooftaniif polisiin qabamtaniittu ta’iinna . yakki/cubbuun/ adabamuu maaliif akka qabu itti yaadaa.

## XUMURUU

**A7 – Sad. 3**

**Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi**

**Marii fi ibsa:**
1. Yaaqoob erga kadhateen booda Ribqaan ijoolloota lakkuu deessee, Esaawuun mucaa angafa yoo ta’uu , yaaqoob ammoo mucaa quxusuu ta’e.
2. Mana keessaatti wal caalchiisuun tureera. Yisihaaq Esaawuun yoo jaalatu , Ribqaan ammoo mana oolu kan jaallatuu yaaqoobiin jaalatti turte.
3. *Bara durii bahaa gidduu galeessaatti bu’aa angafummaan qabu isaaniif ibsi.*
4. Esaawuun binneensa adamsuurraa oole dhufe. Baayyees beela’ees ture. Yaaqoob ammoo ittoo diimaa qopheessa ture. Obboleessaa isa Esaawuun isa beela’ee kanaaf nyaata ittoo diimaa kana kan kennuuf yoo inni angafuumma isa isaaf kennuuf eeyyamee qofadha.
5. Yisihaaq yoommuu dulloomuuf ka’uu ilmaasa angaafaaf Eebba kennuufi barbaadee. Ribiqaafi yaaqoob garuu nama ijji isa arguu dadhabee yisihaaqiin gowwoomsuuf itti malan. Esaawuun ittoo abbaan isa jaalatuu qopheessee kennuuf bineensa adamsuuf yommuu inni ba’uu Ribqaafi yaaqoob ammo ariitiin itto bira qopheessan . Yaaqoob Esaawuun akka fakkatu taasifamee. Kanaafis eebba abbaan ilmi angaaf akka fudhaatuuf qophaassee fudhaate.

**Luqqisi Furtuu ibsaafi. Barattoonni keessaanis akka qu’ataan jajjabeessaa.**
**Qu’anna tokkoo xumuraa.**
**Argisiisu. FBI – Esaawuun Angafummaa isa yaaqoobitti gurguree. Yaaqoob Esaawuun gowwoomsee**

**A7 – Sad. 4**

**Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi**

**Marii fi ibsa:**
1. Yaaqoob erga kadhateen booda Ribqaan ijoolloota lakkuu deessee, Esaawuun mucaa angafa yoo ta’uu , yaaqoob ammoo mucaa quxusuu ta’e.
2. Mana keessaatti wal caalchiisuun tureera. Yisihaaq Esaawuun yoo jaalatu , Ribqaan ammoo mana oolu kan jaallatuu yaaqoobiin jaalatti turte
3. *Bara durii bahaa gidduu galeessaatti bu’aa angafummaan qabu isaaniif ibsi.*
4. Esaawuun binneensa adamsuurraa oole dhufe. Baayyees beela’ees ture. Yaaqoob ammoo ittoo diimaa qopheessa ture. Obboleessaa isa Esaawuun isa beela’ee kanaaf nyaata ittoo diimaa kana kan kennuuf yoo inni angafuumma isa isaaf kennuuf eeyyamee qofadha. Yaaqoob gocha isa kanaan baayyee kan of jaalatuufi haxxumma qabachuu isa ofirraatti mirkaneesse.
5. Yisihaaq yoommuu dulloomuuf ka’uu ilmaasa angaafaaf Eebba kennuufi barbaadee. Ribiqaafi yaaqoob garuu nama ijji isa arguu dadhabee yisihaaqiin gowwoomsuuf itti malan. Esaawuun ittoo abbaan isa jaalatuu qopheessee kennuuf bineensa adamsuuf yommuu inni ba’uu Ribqaafi yaaqoob ammo ariitiin itto bira qopheessan . Yaaqoob Esaawuun akka fakkatu taasifamee. Kanaafis eebba abbaan ilmi angaaf akka fudhaatuuf qophaassee fudhaate.
6. *Fakkeenyaagowwoomsuufi barbaachisummaa amanamuummaa irraatti mari’aadha.*
7. Esaawuun adamoof yoo dhufuu baayyee aare ture. Abbaan isaas akka isa eebbisuuf cimseee kadhatee ture. Ta’uus kadhannaan isa kan ture jala ta’ee. Angafuummaafi eebbaa isa in dhabee.

**Luqqisi Furtuu ibsaafi. Barattoonni keessaanis akka qu’ataan jajjabeessaa.**
**Qu’anna tokkoo xumuraa.**
**Argisiisu. FBI – Esaawuun Angafummaa isa yaaqoobitti gurguree. Yaaqoob Esaawuun gowwoomsee (I)**

## KEESSA DEEBI’UU

**A7 – Sad. 3:** Barumsa kana keessaatti cubbuu yaaqoob raawwate itti yaadaa. Nutis wa’ee cubbuu keenyaa isa kamitii dhiifama fudhachuun kan nurra jiruu ? jalqabarraatti walin itti yaadaa. Achumaan dhuunfaan itti yaadaa.

Waraqaa deebii irraatti barreessaan barattoon hundinuu haa qopheeffatani.
Waaqayyoon tarii namoonni biroon akkamitti dhiifama gafachuu akka danda’aan itti yaadaa. Kanaaf akka isiin gargaaruuf kadhadhaa. ***Faarfa. 32:-1-5*** dubbiisa.

**A7 – Sad. 4:** Esaawuun waliin dhahuufi soba haadhaa isaafi Obboleessaa isa yoo hubatuu maaltu itti dhaga’aamuu akka danda’uu yaadaa.

Waliin dhaahufi sobuu keessaanin yeroo rakkina keessaatti kuftaan sana yaadadha. Gara fuulduraatti kalla ttii adda ta’een jiraachuuf kan dandeessaan karaa lama barreessa.

## ITTIIN JIRAACHUU

**A7 – Sad. 3**

**Barumsichii hangaam jireenyaa keenyaa sakatta’ee ?**
Cubbuu hojjeettani beektan yoo jiraate; waraqarraatti barreessati tarsasaati gata. Yookiin ammoo Cubbuu tokko tokkoo Cirrachaarraatti yookiiin lafarraatti barreessati deebisa balleessa.

**A7 – Sad. 4**

**Barumsichii hangaam jireenyaa keenyaa sakatta’ee ?**
1. Wa’ee abjuu afuuraaf qu’qqnnaa adeemsiisa. Waaqayyoos gosa abjuu akkanaatin akka isiiniitti dubbatuuf of qopheeessaa.
2. Macaafa qulqulluu keessaatti sagalee kauu waaqayyoon kennee arfaan(4) barbaada. Isaan kanneeniis qabadhaati kadhaadhaa.

| | A7 – Sad. 3<br>Barumsa 2 – Jireenyaa Yaaqoob.<br>Barnoota – Nama Abjootu. | A7 – Sad. 4<br>Qu'aannoo 2 – Jireenyaa Yaaqoob.<br>Barnoota – Nama Abjootu. |
|---|---|---|
| | **Xiyyeeffannoo macaafa qulqulluu:** ***Uma. 27:-41-46 fi Uma.28:-10-22***<br>**Luqqisii furtuu:** ***Uma.28:-16***<br><br>**Kutaa kana keessaatti kan barannu kan armaan gadiiti.**<br>1. Hangaam iyyuu yaaqoob dhimmoota garagaaraa yoo balleessee iyyuu jireenyaa isaatiif sagalee abdii baayyee kan kennee waaqayyoo wajjiin haalaa aja'ibsiisaa ta'een karaa ittiin wal argaan argaateera.<br>2. Nu'iifis kun dhugaadhaa. | **Xiyyeeffannoo macaafa qulqulluu:** ***Uma. 27:- 41-46 fi Uma.28:-1-22***<br>**Luqqisii furtuu:** ***Uma.28:-16***<br><br>**Kutaa kana keessaatti kan barannu kan armaan gadiiti.**<br>1. Hangaam iyyuu yaaqoob dhimmoota garagaara yo balleesse iyyuu jireenyaa isaatiif sagalee abdii baayyee kan kennee waaqayyo wajjiin haalaa aja'ibsiisaa ta'een, karaa ittin wal argaan argateera.<br>2. Waaqayyoo ammo akkumaa yaaqoobiif taasisee nufis ni taasisa. |
| **WAL BARSIISUU** | Wanta gosa kaam iyyuu yoo taasiifne , waaqayyoo jireenyaa keenyaa akka to'aatu hubadhaa. Namoota kaan wajjiin karaa walitti dhufeenyaa taasisuu dandeenyuurraatti itti yaadaa. Akkumaa kana hundaa waaqayyoo nuunis karaa garagaaraan nutty dubbachuu akka danda'uu itti yaadaa. Barattoota keessaan hari'uuma iyyuu karaa waaqayyoo ittiin itti dubbachuu danda'uu gafadhaa. | Barattoonni keessaan nama amantii waaqayyoorraatti qabuufi amalaa nama jireenyaa waaqayuummaa qabuu shaakallii isaan keessaa darbaan akka isiiniitti himaan gafadha. Wantoonni akkanaa jireenyaa keenyaa keessaa akka darbaan beekuun guutuu ta'uu qabna?. |
| **XUMURUU** | **Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi**<br><br>**Marii fi ibsa:**<br>1. Du'aati abbaa isaan boodaa Esaawwuu wa'ee yaaqoobiin ajjeessu in yaadaa ture . Ribqaan ammoo dheekkaamsi Esaawuun hanga qabbana'uutti yaaqoob gara Eessumaa isa Laabaa akka deemuu fi , achumaa akka inni turuu yaadde.<br>2. Yisihaaq yaaqoobiineebbisee .Yaaqoobiis gara poodanihaaramiitti deemee.<br>3. Yaaqoob halkaan in rafee. Abjuus argee. Yaabbannoo hangaa samii ba'uu tokko argee. Waaqayyoos itti dubbate. Lafa qomoon isa dhaluu qabuufi sagalee abdii kenneefi. Adeemsa isaattis akka isa wajjin ta'uu mirkaaneesseefi.<br>4. Yaaqoobiis hirriba dammaqee. Iddoo sanaas bet'el jedhee moggase. Hiikni isaas mana waaqayooo jechuudha.<br>5. Yaaqoob waaqayyoof wareega wareege. Innis kan waaaqayyoo isa eeguu yoo ta'ee waaqa isa akka godhatuu .<br>6. Turti yaaqoob iraa kan barachuu dandeenyuu irratti mari'aadhaa.<br>7. Jaalalaa waaqayyoo yaaqoobiif qabuurraatti mar'aadha. Dhimmaa kanarraattii barattoota keessaaniif ibsa taasisaa. Wa'ee cubbuu yaaqoob miti garuu.<br><br>**Luqqisi Furtuu ibsaafi. Barattoonni keessaanis akka qu'ataan jajjabeessaa.**<br>**Qu'anna lamaa xumuraa.**<br>**Argisiisu. FBI -Waaqayyo Yaaqoobitti abjuun itti dubbatee(1)** | **Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi**<br><br>**Marii fi ibsa:**<br>1. Du'aati abbaa isaan boodaa Esaawwuu wa'ee yaaqoobiin ajjeessu in yaadaa ture . Ribqaan ammoo dheekkaamsi Esaawuun hanga qabbana'uutti yaaqoob gara Eessumaa isa Laabaa akka deemuu fi , achumaa akka inni turuu yaadde.<br>2. Yisihaaq yaaqoobiin Eebbisee. Yaaqoobiis garaa poodanihaaramiitti deemee.<br>3. Yaaqoob halkaan in rafee . Abjuus argee. Yaabbannoo hangaa samii ba'uu tokko argee. Waaqayyoos itti dubbate. Lafa qomoon isa dhaluu qabuufi sagalee abdii kenneefi. Adeemsa isaattis akka isa wajjin ta'uu mirkaaneesseefi.<br>4. Yaaqoobiis hirriba dammaaqee. Iddoo sanaas bet'el jedhee moggase. Hiikni isaas mana waaqayooo jechuudha.<br>5. Yaaqoob waaqayyoof wareega wareege . inniis waaqayyoon kan isaa eeguu yoo ta'ee waaqa isa akka godhatuu .<br>6. Jaalalaa waaqayyoo yaaqoobiif qabuurraatti marii taasiisa. Dhimmaa kana irraattis barattoota keessaaniif ibsa taasisaa. Wa'ee cubbuu yaaqoob miti garuu.<br>7. Waan aja'ibsiisaa waaqayyoon jireenyaa keessaatti hojjeetu irraatti marii taasisaa. Wa'ee kanarraatis baraattoota keessaaniif ibsa kennaafi.<br><br>**Luqqisi Furtuu ibsaafi. Barattoonni keessaanis akka qu'ataan jajjabeessaa.**<br>**Qu'anna lamaa xumuraa.**<br>**Argisiisu. FBI -Waaqayyo Yaaqoobitti abjuun itti dubbatee(1)** |
| **KEESSA DEEBI'UU** | Garee xixiiqqoo ta'aa hojjeedhaa. Iddootti qabatamaaan waaqayyoo isiin wajjiin ta'ee tokkoo maqaa dha'aa. Kanaaf mataa duree waaqayyoo na wajjiin turee jedhuu itti keennaa. ***Ibro.13:-5*** keessaa yaada jiruu bu'aa inni guyyaa guyyaaatti jireenyaa keenyaa keessaatti qabuu itti yaadaa. | Waaqayyoon abjuun isiiniitti dubbatee beekaa. ?<br>Abjuu hiikaa afuuraa qabuu argitaanii beektuu ?<br>Hiikaa maali qabaa jettuu ?<br><br>Jireenyaa keessaan keessaatti akkamitti itti dhimma baatanii? Bara kana keessaattti karaalee waaqayyoo ittiin anamtti dubbatuu ibsa. Barattoonis jireenyaa isaanii guyyaa guyyaa keessaatti firoomina kan qabuu fi waaqayyoon kennuufi kan danda'uu sagaleen abdii maalidhaa ? |
| **ITTIIN JIRAACHUU** | **Barumsichii hangaam jireenyaa keenyaa sakatta'ee ?**<br>1. Yeroo isiin cubbuu itti hojjeettani fi haata'uu malee waaqayyoomoo isiin waajjiin ture yookiin ammoo yereoon inni duugda isa isiiniitti in gargaalchiin akkasumaas fallaa kanaan yeroon inni isiin eebbisee yaadattuu ?<br>2. Shakkalliin akkana keessaa keessaaniitti miira akkamii isiin keessaatti uum ?<br>3. Waaqayyoon akkamitti akka inni isiniitti dubbatuu Eeggattu ? | **Barumsichii hangaam jireenyaa keenyaa sakatta'ee ?**<br>1. Wa'ee abjuu afuuraaf qu'qqnnaa adeemsiisa. Waaqayyoos gosa abjuu akkanaatin akka isiiniitti dubbatuuf of qopheeessaa.<br>2. Macaafa qulqulluu keessaatti sagalee kauu waaqayyoon kennee arfaan(4) barbaada. Isaan kanneeniis qabadhaati kadhaadhaa. |

| | A7 – Sad. 3<br>Barumsa 3 – Jireenyaa Yaaqoob<br>Barnoota – Komii Yaaqoob | A7 – Sad. 4<br>Qu'aannoo 3 – Jireenyaa Yaaqoob<br>Barnoota – Komii Yaaqoob |
|---|---|---|
| | **Xiyyeeffannoo macaafa qulqulluu:** ***Uma.29: 1-30***<br>**Luqqisii furtuu:** ***Gala. 6:- 7***<br><br>**Kutaa kana keessaatti kan barannu kan armaan gadiiti.**<br>1. Jireenyi facaasufi hammachuu qaba.<br>2. Jireenyi yeroo maraa salpha akka ta'ee kan dubbatuu sagaleen abdiin in jiruu. | **Xiyyeeffannoo macaafa qulqulluu:** ***Uma. 29:-1-30 fi 31:-1-21***<br>**Luqqisii furtuu:** ***Gala.6: 7***<br><br>**Kutaa kana keessaatti kan barannu kan armaan gadiiti.**<br>1. Jireenyi facaasuu fi hammachuu qaba.<br>2. Waaqayyoo kan dubbatuu hundinuu fakkeessuuf miti(What God says, He means).<br>3. Warreen kaan akka nuuf taasisaan kan barbaannuu , nutis akkasumaa haa taasifnuufi . |
| **WAL BARSIISUU** | Iddoo dhaaba biqiltuu qonnaatti wa'ee facaasaa fi hamaa duduubbadha. Sanyiin gosti kaam iyyuu yoo facaa'ee kan inni busuus ykn ija godhatuus gosumaa sanyii sana akka ta'ee ibsa godhaafi. Amallii keenyaa gaariis ta'ee hamaa kan inni hoordofsiisu akkumaa kana akka ta'ee irraatti dubbadha. Wanumaa facaafnee hammanna !<br><br>Amala gadhee argisisaani amalaa badaa isaanii kanaaf ammoo wanumaa barbaachiisuu kan hammaatan namootaa bara kana yaadadhaa. | Iddoo dhaaba biqiltuu qonnaatti wa'ee facaasaa fi hamaa duduubbadha. Sanyiin gosti kaam iyyuu yoo facaa'ee kan inni busuus ykn ija godhatuus gosumaa sanyii sana akka ta'ee ibsa godhaafi. Amallii keenyaa gaariis ta'ee hamaa kan inni hoordofsiisu akkumaa kana akka ta'ee irraatti dubbadhaa. Barruulee Gaazeexaa fi yookiin ammo macaafoota(gossip magazines0)barbaada dubbisa. Fakkeenyaa facaasuu fi hamuu ta'uu kan danda'uu barbaadaa. Achumaan fakkeenyaa sana keessaa fakkii jiraan kukkuuttaani ergaa keessaa baaftaani booda maddii keessaanii isiin wajjiin kan deemuu danda'uu jechoota barreessaati kibbi itti qopheessaa.<br>Kollavi jechuun suura bocaa isaaniin mummuuraanii waraqa guddaarraatti maxxaansuu jechuudha. |
| **XUMURUU** | **Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi**<br><br>**Marii fi ibsa:**<br>1. Yaaqoob lafa karaan jedhamuu gahee. Bakka sanattis tiksoota bushaayee isaanii bishaan obaasaan argate.<br>2. Intalli eessuma isa Laabaanis akkasumaa bushaayee ishee bishaan obaasuuf gara bollaatti dhufte. Yaaqoobis ishee gargaare. Isheenis dhufaati Yaaqoob Laabaatti himtee simannaas isaaf taasisaniif.<br>3. Yaaqoobis Laabaadhaaf hojjeechuu jalqabee. Waggaa torbaa hojjeeteef yoo ta'ee, jaalalaa isheen kan qabamee Raheeliin akka itti heerumsisuu waadaa galeef.<br>4. Sirna cidhaa sanaan boodaa Yaaqoob akka goowwoofamee beeke. Kan inni fudhees Raheel utuu in ta'iin obboleetti ishee Liyaa ture.<br>5. Raheeliin fudhee haadha mana isa taasifachuuf ammaas dabalataan waagga torbaa Laabaaf hojjeechuun isaarra jira ture.<br>6. *Yaaqoob waggaa mursaan duraa kan facaasuun kan raawwate ,gochaa waliin dha'uu isa akkamitti akka hammacha jiruu irraatti mari'aadha.*<br>7. *Namoonni dhimmootaa komii umuu danda'aan akkamiitti akka keessumeessaan irraatti mari'aadha.።*<br><br>**Luqqisi Furtuu ibsaafi. Barattoonni keessaanis akka qu'ataan jajjabeessaa.**<br>**Qu'anna sadii xumuraa.**<br>**Argisiisu. FBI Yaaqoob guyyaa cidhaasaatti in goowoomsamee.** | **Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi**<br><br>**Marii fi ibsa:**<br>1. Yaaqoob lafa karaan jedhamuu gahee. Bakka sanattis tiksoota bushaayee isaanii bishaan obaasaan argate.<br>2. Intalli eessuma isa Laabaanis akkasumaa bushaayee ishee bishaan obaasuuf gara bollaatti dhufte. Yaaqoobis ishee gargaare. Isheenis dhufaati Yaaqoob Laabaatti himtee simannaas isaaf taasisaniif.<br>3. Yaaqoobis Laabaadhaaf hojjeechuu jalqabee. Waggaa torbaa hojjeeteef yoo ta'ee, jaalalaa isheen kan qabamee Raheeliin akka itti heerumsisuu waadaa galeef.<br>4. Sirna cidhaa sanaan boodaa Yaaqoob akka goowwoofamee beeke. Kan inni fudhees Raheel utuu in ta'iin obboleetti ishee Liyaa ture.<br>5. Raheeliin fudhee haadha mana isa taasifachuuf ammaas dabalataan waagga torbaa Laabaaf hojjeechuun isaarra jira ture.<br>6. *Yaaqoob waggaa mursaan duraa kan facaasuun kan raawwate ,gochaa waliin dha'uu isa akkamitti akka hammacha jiruu irraatti mari'aadha.*<br>7. Booda waaqayyoo yaaqoobiin gara lafa dhalatteetti akka deeb'uu itti dubbatee. Waaqayyoos isaa eebbisee. Bineeldaa baayyeefi maatii guddaa taasisee isa eebbisee. Akka deemuuf jiruu Laabaati hin himnee. Haata'uu malee yeroo Laabaaa naannoo hin jirreetti baqate bahee.<br>8. Kufaati Yaaqoob isa baayyee sana yaadadha. Waaqayyoo jireenyaa namoota baayyee guutummaarra fagaatan keessaatti waaqayyoon akka hojjeetu irraatti mari'adhaa.<br><br>**Luqqisi Furtuu ibsaafi. Barattoonni keessaanis akka qu'ataan jajjabeessaa.**<br>**Qu'anna sadii xumuraa.**<br>**Argisiisu. FBI Yaaqoob guyyaa cidhaasaatti in goowoomsamee.** |
| **KEESSA DEEBI'UU** | Gara oli lakk.7 irratti fakkeenyaa 7 keessaa tokko filadhaa.achumaan barattoonni kan irratti mari'achuu danda'aan chaarti guddaa tokkkoorratti barreessaa. | JIreenyaa namoota keessaatti fakkeenyaa facaasuufi hammachuu wantoota ta'uu kan danda'aan itti yaadaa. Jalqabaarratti karaa Eeyyeenta(positive) achumaan karaa Alta'a( Negative) ta'een yaadaa. Tokkoon tokkoon keessaan fakkeenyaa lama dhiyeessuuf yaalaa. |
| **ITTIIN JIRAACHUU** | **Barumsichii hangaam jireenyaa keenyaa sakatta'ee ?**<br>1. Komii kan itti keessuumsiftaan guyyaan xumuraa yoomi ?<br>2. Komii kan ilaalchisee maal gootan ?<br>3. Komii keessaan kana ilaalchisee kanarra kan caaluu wanti isiin gochuu dandeessa tureera ?<br>4. Bukkee lameenitti kan barreeffamee fakkeenyya facaasuufi hammachuu bali'iftaani tarreesu dandeessuu? | **Barumsichii hangaam jireenyaa keenyaa sakatta'ee ?**<br>1. Waliin dhaaye erga jiraateen booda nama waliin dha'aamee waliin dha'aa kan ta'ee beektuu ?<br>2. Amalli badaan nama deebi'ee matumaa isaa yoo miidhuu argitaani beektu ? maqaa dha'uu dandeessuu. |

| | A7 – Sad. 3<br>Barumsa 4 – Jireenyaa yaaqoob.<br>Barnoota – Argannoo isa | A7 – Sad. 4<br>Qu'aannoo 4 – Jireenyaa Yaaqoob<br>Barnoota – Argannoo isa. |
|---|---|---|
| | **Xiyyeeffannoo macaafa qulqulluu:** ***Uma. 32:-1-21 fi Uma. 33:-1-11***<br>**Luqqisii furtuu:** ***Yoha. 1:9***<br><br>**Kutaa kana keessaatti kan barannu kan armaan gadiiti.**<br>1. Akkuma jireenyaa Yaaqoob kanarraati ta'ee , namoonni hammeenyaa baayyee yoo nurraatti raawwataan iyyuu gragaarsa waaqayyoon dhiifama gochuufi dandeenyaa.<br>2. Cubbuu keenyaa yoo himannee waaqayyoon dhiifama yoo gafannee waaqayyoo ammoo yeroo hundumaa dhiifama muuf godha. | **Xiyyeeffannoo macaafa qulqulluu:** ***Uma.32: 1-32 fi Uma. 33: 1-17***<br>**Luqqisii furtuu:** ***Yohan. 1:-9***<br><br>**Kutaa kana keessaatti kan barannu kan armaan gadiiti.**<br>1. Jireenyaa yaaqoob keessaatti jeequmsii guddaan yommuu uumamuurraatti argama. Eegaa yeroo sanatti waan kaam caalaa kan nuun barbaachiisuu , yerr dheeraaf isa irra adda ba'ee obboleessaa isa osoo in taane , waaqayyoo wajjiin walitti dhufuu qaab.<br>2. Hangaam iyyuu Yaaqoob jeequmsaa guddaa keessaa yoo ta'ee iyyuu ammaas Waaqayyoo Yaaqoobiif karoora haaraa qaba. |
| WAL BARSIISUU | Yaaqoob waaqayyoon ajajamee gara lafa dhaloota isaatti akka deebi'a jiruu barattoota keessaan yaadaachiisa. Haata'uu malee wagga dheeraan duraa isa ajjeessu kan barbaadee obboleessaa isa Esaawuun wajjiin dhimmii wal arguun isa ammayyuu baayyee isa yaachiiseeraa. Esaawuus dhiifama akka gochuufi danada'uu yaadaa. Mee yoommuu namootaaf dhiiftani fi dhiisu yoommu dadhaabdan wantoota isiin muudachuu danda'uu irraatai duddubbadhaa. | Nama adda ta'e tokko wajjin walitti dhufurratti walin hasa'aa. Walitti dhufenya sanaf qophi akkami akka tasiftan yaada. Waggotaf waaqayyoon wajjin walitti dhufenya homalle kan in Yaaqoob waaqayyo wajjin wal argee. Yaaqoobis kan ammas kan duris miti.Obbolessa isa Esaawuunwajjin wal-arguf waaqayyo bira deggarsa argatee. Kan dandeessan yoo ta'ee yoo ta'ee "Fiixe lola macaafa jedhu internetira barbada dubbisa.ykn ammo " haati mana Jeemi'elyetis "Vidiyo abba manashi warra ajjesanif dhifama gote ilala |
| XUMURUU | **Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi**<br><br>**Marii fi ibsa:**<br>1. Waggaa dheeraab booda Yaaqoob lafa dhaloota isaatti deebi'uuf sababa inni sodaateef irraatti mari'aadhaa.<br>2. Sodaan yaaqoob kan dabalee Esaawuun nama dhibba afur of duuka hoordoofisiisee isa barbaacha akka dhufee yommuu hubateedha.<br>3. Yaaqoob waaan sadii tasiisee. 1) Yoo xiqqateee karaa tokkoon Esaawuun jalaa ooluu akka danda'uuf yaadee maatii isa iddoo lamatti qoodee ***(32: 7-8)***, 2) In kadhatee. ***(32: 9-12)*** ,3) Esaawwuuf kenne harka fuudha ergee. ***(32: 13-16)***<br>4. Halkaanumaa sana yaaqoob waaqayyoon karaa keessumma isatti ta'uun wal argaan. Waaqayyoo biraas Eebbaa kadhaate.***(32: 22-31)***<br>5. Sodaan Yaaqoob soda hundeen qabnee ture. Esaawuu isa hammatee. Balleessa isaas kan dhiiseef fakkata. Yaaqoobis Esaawuun miseensa maatii isa wajjiin wal-beeksisee. Kennaa harka fudhaas akka inni fudhatuuf isaa dirqisiise.<br>6. Hanga ammatti gara abba isaatti in deebinee. Asumaan ammo deebi'uu dadhaabuu isaatiin ammaas Esaawuun gowwoomse.<br>7. *Waaqayyoon maaliif akka shakkeefi sagalee abdii waaqayyoo amanee maaliif fudhachuu akka dadhaabee irraatti mari'adhaa.*<br>8. *Sodaakeessaan waliif qooda. Akkasumaas baayyoliin keenyaa wa'ee isaanii yommuu yaannuu yeroo hedduu wanti nutti fudhatuu , wanti sodachiisaan akka sodaannu akka in taane ibsaafi.*<br><br>**Luqqisi Furtuu ibsaafi. Barattoonni keessaanis akka qu'ataan jajjabeessaa.**<br>**Qu'anna Afur xumuraa.**<br>**Argisiisu. FBI Yaaqoob gara biyyaa kanaa'aanitti deebi'ee .Yaaqoobiif Esaawuun irraa deeb'aani wal argaan.(1)** | **Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi**<br><br>**Marii fi ibsa:**<br>1. Waggaa dheeraab booda Yaaqoob lafa dhaloota isaatti deebi'uuf sababa inni sodaateef irraatti mari'aadhaa.<br>2. Sodaan yaaqoob kan dabalee Esaawuun nama dhibba afur of duuka hoordoofisiisee isa barbaacha akka dhufee yommuu hubateedha.<br>3. Yaaqoob waaan sadii tasiisee. 1) Yoo xiqqateee karaa tokkoon Esaawuun jalaa ooluu akka danda'uuf yaadee maatii isa iddoo lamatti qoodee ***(32: 7-8)***, 2) In kadhatee. ***(32: 9-12)*** ,3) Esaawwuuf kenne harka fuudha ergee. ***(32: 13-16)***<br>4. Halkaanumaa sana yaaqoob waaqayyoon karaa keessumma isatti ta'uun wal argaan. Waaqayyoo biraas Eebbaa kadhaate.***(32: 22-31)***<br>5. Sodaan Yaaqoob soda hundeen qabnee ture. Esaawuu isa hammatee. Balleessa isaas kan dhiiseef fakkata. Yaaqoobis Esaawuun miseensa maatii isa wajjiin wal-beeksisee. Kennaa harka fudhaas akka inni fudhatuuf isaa dirqisiise.<br>6. Hanga ammatti gara abba isaatti in deebinee. Asumaan ammo deebi'uu dadhaabuu isaatiin ammaas Esaawuun gowwoomse<br>7. *Waaqayyoon maaliif akka shakkeefi sagalee abdii waaqayyoo amanee maaliif fudhachuu akka dadhaabee irraatti mari'adhaa.*<br>8. *Seenaa namootaa yakka nama biraa irraatti mari'aadha.*<br>9. *Yakka dhiisu osoon danda'iin yoo hafnee ofii keenyaafi warren kaan irraatti miidhaan geessifnuu itti yaadaa.*<br><br>**Luqqisi Furtuu ibsaafi. Barattoonni keessaanis akka qu'ataan jajjabeessaa.**<br>**Qu'anna Afur xumuraa.**<br>**Argisiisu. FBI Yaaqoob gara biyyaa kanaa'aanitti deebi'ee .Yaaqoobiif Esaawuun irraa deeb'aani wal argaan.(1)** |
| KEESSA DEEBI'UU | Kutaa armaan ol jiruu irraa deebitaanii laluun waaqayyoof xalayaa barreessuuf qophayaa. Xalayaa kana keessaatti barattoonni keessaan wanti isaan waaqayyoon fuulduraatti himachuun barbaachisuu , waan kadhachuu barbaadaan ,waan itti waaqayyoon galateeffaachuu barbaadaan gafadhaa. | Waaqayyoo wajjiin wal argu jechuun maal jechuu akka ta'ee itti yaadaa.<br>A/ Yoom ta'uu danda'aa ?<br>B/ Akkamitti ta'uu danda'aa ?<br>C/ Maaliif ta'uu danda'aa ?<br>Barattoonni dhuunfadhaan waaqayyoo wajjiin wal argani beeku yoota'ee gafadhaa. |
| ITTIIN JIRAACHUU | **Barumsichii hangaam jireenyaa keenyaa sakatta'ee ?**<br>1. Jireenyaa keenyaa wajjiin firoomu kan danda'uu kutaa macaafa qulqulluu maal barachuu dandeenyaa ?<br>2. Yeroo dhiyyootti fakeenyaa nama dhiifama argatee tokko kennaa.<br>3. Waaqayyoo namoota biraaf akka dhiifnuu gochuu akka nu dandeessisuu fi nu garagaaruu gafachuu dandeenyaa? | **Barumsichii hangaam jireenyaa keenyaa sakatta'ee ?**<br>1. Barattoonni kessaan dhiyootti dhiifama gochuu kan in dandeenyeefi yookiin ammoo nama dhiifama taasisee tokkoo akka isiiniitti himaan gafadhaa..<br>2. Maaltuu itti dhaga'aamee ?<br>3. Isaaniis namni dhiisuufi qabaan jiraa ? |

| | **A8 – Sad. 3**<br>**Barumsa 1 – Kiristanaa ta'uu**<br>**Barnoota – Kadhanni maali ?** | **A8 – Sad. 4**<br>**Qu'aannoo 1 – Kiristanaa ta'uu.**<br>**Barnoota – Wa'ee kadhanna barachuu.** |
|---|---|---|
| | **Xiyyeeffannoo macaafa qulqulluu:** ***Faarf. 5:-1-8***<br>**Luqqisii furtuu:** ***Faarf.5:-2***<br><br>**Kutaa kana keessaatti kan barannu kan armaan gadiiti.**<br>1. Waaqayyoo adda waan ta'eef kadhannanis addadha.<br>2. Kadhannaan waaqayyootti himachuufi isaamoo dhaga'uu jechuudha.<br>3. Yeroo tokko tokkoo kadhannaan keenyaa in deebi'uu . Kanaaf ammoo sababoonni jiruu. | **Xiyyeeffannoo macaafa qulqulluu:** ***Luqa 11: 1-10 fi Mate. 6: 5-15***<br>**Luqqisii furtuu:** ***Luqa. 11: 9***<br><br>**Kutaa kana keessaatti kan barannu kan armaan gadiiti.**<br>1. Kadhannaan mirgaa guddaa akka ta'ee hubachuu qabna.<br>2. Osoo addaan hin kutiin kadhachuu qabna.<br>3. Kadhannawwaan keessaatti dhimmaa mataa keenyaa qofaarratti xiyyeeffachuu in qabnuu . |
| **WAL BARSIISUU** | Maatiifi hiriyoota keessaan isiiniirra fagoo jiraaniin wal arguuf yoo yaaltaan rakkina isiin muudatu yaadaa. Waaqayyoo wajjiin wal arguu danda'uu keenyaaf dhugaa aja'ibsiisaa kana itti yaadaa. Barattoonni keessaan akka kadhaan gafadhaa. Yoo kadhataan maaliif ? yoo kadhachuu baataan maaliif ? | Maatiifi hiriyoota keessaan isiiniirra fagoo jiraaniin wal arguuf yoo yaaltaan rakkina isiin muudatu yaadaa. Waaqayyoo wajjiin wal arguu danda'uu keenyaaf dhugaa aja'ibsiisaa kana itti yaadaa. Wantoota irraatti kadhachuu qabnuti itti yaadaa. Barattoonni keessaan wa'ee kadhannaa isaanii kan kan deebi'ee in yaadatuu yoota'ee gafadhaa.kadhannaa isaaniif deebi'eef deebiin isaanii maalidha? |
| **XUMURUU** | **Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi**<br><br>**Marii fi ibsa:**<br>1. Yoo kadhannuu eenyuu wajjiin akka dubbannuu itti yaadaa. Daawit faarfannaa isa keessaatti mataa duree inni dhimmaa itti ba'ee tokko tokko itti yaadaa.<br>2. Daawit yeroofi haala kam keessaatti akka kadhatee itti yaadaa. Nutis yoom kadhachuu akka qabnu irraatti mari'aadhaa.<br>3. Faarfannichaa keessaatti wantoonni waaqayyoo kadhanna keenyaa akka in dhageenyee dhorkaan akka in taane irraatti duduubbaadhaa.<br>4. Akkasumaas faarfaanna kanarra kan barannuufi nutis kadhaannan waaqayyoo wajjiin walitti dhufeenyaa taasifnuu keessaatti barumsaa nu gargaaruu maal arganna ?<br>5. Lakk. 2 irraatti Daawit waaqayyoon mootiikoo fi waaqaakoo jedhee wamuu isaatiin walitti dhufeenyaa tokkummaa addaa isaafi waaqayyoo gidduu akkaa jiru argisiisa. Walitti dhufeenyaa adda ta'ee kana waaqayyoo wajjiin akkamitti qabachuu danda'aa ?<br>6. *Kadhanni baayyee barbaachiisa akka ta'ee irraatti mari'aadhaa. Ibsaas taasisaafi. Fakkeenyaaf kadhaanna malee jireenyii maal akka akka fakkatuu hubachiisu dandeessuu.*<br>7. Wa'ee maali kadhachuu dandeenyaa ?<br><br>**Luqqisi Furtuu ibsaafi. Barattoonni keessaanis akka qu'ataan jajjabeessaa.**<br>**Qu'anna tokkoo xumuraa.** | **Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi**<br><br>**Marii fi ibsa:**<br>1. Akkuma carra al – tokkoo yesus ni kadhata ture. Bartoonni ammo akkamitti akka kadhaachu qabaan akka isaan barsiisuuf gafataan.<br>2. Yoo kadhannuu eenyuu wajjiin walitti dubbannaa ? akkasumaas mataa duree yesus fayyadamee yaadadhaa.<br>3. Yesus kadhaanna isa jalqabaa(sample) kan jalqabee waaqayyoon galateeffaachuun turee. Kutaa kadhanna keenyaa isa kaamiti galateeffanna qabachuu kan qabuu ?<br>4. Kadhanna jalqaba(sample) keessaatti kadhanna yesus dhiyeesse sadaan itti yaadaa.<br>5. Achumaarraan fakkeenyaa yesus dubbatee dubbisa ***(Luqa. 11: 5-10)*** akkasumaas osoo addaan kutiin jabannee akka kadhannuu barumsaa yesus barsisee ilaala.<br>6. Barumsa yesus ***W. Mate. 6:5-15*** irraatti wa'ee kadhanna barsiise yaadaadhaa.<br>7. *Maaliif yeroo rakkinni nutti dhufee baayyee akka kadhannuuf yaadaa.*<br>8. *Al-tokko tokkoo kadhachuun maaliif akka nutti ulfaatuuf itti yaadamee.*<br><br>**Luqqisi Furtuu ibsaafi. Barattoonni keessaanis akka qu'ataan jajjabeessaa.**<br>**Qu'anna tokkoo xumuraa.**<br>**Argisiisu. .FBI – Daawwanna halkaan walakkaa .(I)** |
| **KEESSA DEEBI'UU** | Namooonni akka nuti kadhannuuf barbaadaan yookiin akka irraatti kadhannuuf dhimmoonni barbaachiisaan jiruu ? Yeroo hangamiif kadhachuu qabna ? Wa'ee nama tokko macaafa qulqulluu keessaatti nama kadhate yaadaa. Jireenyaa nama kadhatu kanarra maal baranna ? | Qu'anna tokkoo keessaatti amaloota caqafamaan shanaan gabaabinaan waliif hima . Barattoonni keessaaniis amaloota kana hundumaa qabatani wal waajjin akka kadhataan taasisaa. |
| **ITTIIN JIRAACHUU** | **Barumsichii hangaam jireenyaa keenyaa sakatta'ee ?**<br>Yeroo kadhannaatti baayyee dubbachuu yookiin baayee dhaggeeffachuutu nurra jiraa ? Tarii waan waaqayyoo nuun jedhuu dhaaggeeffachuuf qopha'uutu nurra jiraa. | **Barumsichii hangaam jireenyaa keenyaa sakatta'ee ?**<br>Dhimmoota Irraatti kadhatamuu qabaan kan dhuunfa ,maatii ,hawaasa , biyyaafi adduunyaa hundaa itti yaadaa. Kadhanna deebi argataniif galataa dhiyeessuu in dagatiina. |

| | A8 – Sad. 3<br>Barumsa 2 – Kiristanaa ta'uu.<br>Barnoota – Waaqayyoo kadhannakeenyaa in dhaga'aa? | A8 – Sad. 4<br>Qu'aannoo 2 – Kiristanaa ta'uu.<br>Barnoota – Wa'ee Macaafa qulqulluu haa barannuu. |
|---|---|---|
| | **Xiyyeeffannoo macaafa qulqulluu:** ***Luqa. 18: 9 -14***<br>**Luqqisii furtuu:** ***Yaaqo. 4: 6***<br><br>**Kutaa kana keessaatti kan barannu kan armaan gadiiti.**<br>1. Gara waldaa kiristanaa deemu utuu nuun barbaachiifne kadhachuu dandeenyaa. Iddoo kaam illee taane , haalaa kaam keessaas taane yeroo kaam kadhachuu<br>2. Waaqayyoon yommuu kadhannuu dhugaa fi garramummaan ta'uu qabna. | **Xiyyeeffannoo macaafa qulqulluu:** ***HoE. 17: 10-14 fi 2Ximo.3: 14-17***<br>**Luqqisii furtuu:** ***Faarf.119: 105***<br><br>**Kutaa kana keessaatti kan barannu kan armaan gadiiti.**<br>1. Macaafa qulqulluu dubbisuun baayyee bu'aa qabeessadhaa.<br>2. Macaafa qulqulluutti in amann . Sababni isaas dubbii waaqayyoo waa ta'eefi ! |
| WAL BARSIISUU | Barnoota 1 keessaatti wa'ee kadhanna kan barannee amma irraa deebi'aa. Macaafa qulqulluu keessaatti ***Fakkee. 16:18*** akkas jedha " Of gurguddisuun badiisatti ,of bokkoksuunis kufaatitti nama geessa ," kana jechuun maal jechuu akka ta'ee itti yaadaa. Seenaa jireenyaa dhugaarra yookiin ammoo seenaa Oduu durii( Asoosama) irraa ka'aati yaadaa kana ibsa. | Kitaaba kaam irraayyuu caalaa kan eebbifamee macaafa qulqulluudhaa. Baroota keessaatti biyyoonni heedduun macaafa qulqulluu seeraan dhorkuuf murteessanii turaan. Ibiddaan gubaniiruu. Awwalaniiruu . ta'uus kana hundumaa keessa darbee kunoo har'aas jira. Kanaaf sababni isaamoo dubbii waaqayyoo waan ta'eef |
| XUMURUU | **Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi**<br><br>**Marii fi ibsa:**<br>1. Yeusu yeroo maraa akka kadhannuu fi abdii kutachuu akkaan qabnee ***lakkoofsa 1*** irraatti nu barsiisaa.<br>2. Of tulummaafi garramummaa namoonni hin qabnee , ilaalcha kadhanna sirrii warra in qabneedha.***(Lakk. 19)***.<br>3. Namichii faarisichii (namni nama amantati) yroo hangamiif " Ana" jechaa jedhuu akka itti dhimmaa ba'ee ilaala.<br>4. Barattoonni kadhata nama qaraxxuu sanaafi wa'ee kadhannaafi ilaalcha inni qabuu akka ibsaan barattoota keessaaan gafadhaa<br>5. *Kadhanna namoota kana lamanii fi akkata isaan kadhannaaf dhiyaataan wal-madaalchisaa.*<br>6. *Lamaan keessaa kamtuu waaqayyoon akka gammachiisee ibsa taasisa. Maaliifi ?*<br><br>**Luqqisi Furtuu ibsaafi. Barattoonni keessaanis akka qu'ataan jajjabeessaa.**<br>**Qu'anna lamaa xumuraa.**<br>**Argisiisu. FBI – Fakkeenyaa Farsichaa fi qaraxxichaa. (I)** | **Seenaa kitaaba qulqulluu dhiyeessi**<br><br>**Marii fi ibsa:**<br>1. Kiristaanootaaf macaafni qulqulluun waan hunda caalaa macaafa ijoodha. Dhugumaa iyyuu qabatamaa ta'uu isa akkamitti beekna ?<br>2. Dubbifamnii macaafa qulqulluu kan nutti himuu , dubbiin waaqayyoo hundinuu afuura waaqayyoo akka qabuudha. Kana jechuun qulqulloonni afuura qulquuluun guutaamaani barreessaani jechuudha. Waaqayyoo in sobuu. Kanafuu macaafni qulqulluun dhugaa akka ta'ee sirriiti qabatamaa ta'uu in dandeenyaa.<br>3. Wantoonni baayyeen kan raajamaan macaafa kakuu moofa kessaatti . xumuraa kan argataan garuu al-tokko tokkoo waggoota baayyeen boodadhaa. Akka fakkeenyaatti kasuu kan dandeenyuu wa'ee dhalachuu yesus kan dubbataan macaafoota kakuu moofati.<br>4. Kutaawwaan macaafa qulqulluu kqn barreessaan namoota gara afuurtamatti kan dhiyaataan yoo ta'uu kunis jarraa(wagga) baayyee gargaar ta'aan keessaattidhaa. Ta'uus macaafni hundinuu iddoo tokkooti dhugaan walitti akka qabamaan isaan taasisuu dhugaan tokko jira.<br>5. Karaa afuura qulqulluun macaafa qulqulluu dubbisuu fi lallaboota dhaggeeffachuun jireenyaa namoota in jijjiira.<br>6. Macaafni qulqulluun bqrbachisaa ta'uun isa eenyuu illee in aja'ibuu. Sababoonni nuti macaafa qulqulluu dubbifnuuf wanta biro itti yaadaa.<br><br>**Luqqisi Furtuu ibsaafi. Barattoonni keessaanis akka qu'ataan jajjabeessaa.**<br>**Qu'anna lamaa xumuraa.** |
| KEESSA DEEBI'UU | Waraqaa qulqulluurraatti amala gaarii qaraxxichii argisiise gadi fageenyaan tartibeessa bareessa. Akkasumaas amala farisichaas tartiibeessaa barreessa. | Wa'ee Luqqisii furtuuitti yaadaa. Achumaan suura bifa ifa fakkatu bantii waaqarra kan bu'uu kan fakkatu kaasa. Jala isaaatti ammoo ifni waaqayyo akka irraatti ba'uuf dhimmootaa keessaan barreeffaadha. Fakkeenyaaf baayyee murtii barbaachiisaa ta'uu danda'aa. |
| ITTIIN JIRAACHUU | **Barumsichii hangaam jireenyaa keenyaa sakatta'ee ?**<br>1. Jechi Garraamii(ga-of deebisee) maal jechuudhaa. Akkamitti garraami ta'uu dandeenyaa ? garraamummaa akkatti argisiisu dandeenyuu fakkeenyaa kennaa.<br>2. Of-tuluu yookiin boonuu jechi jedhuu maal jechuudhaa? Boonuu yookiin of-tuluuu jireenyaa keenyaa keessaa akkamitti hiri'suudandeenyaa ? Of tuluummaa/ boonuu karaan ittiin argisiisu dandeenyuu fakkeenyaa kennaa.. | **Barumsichii hangaam jireenyaa keenyaa sakatta'ee ?**<br>1. Macaafa qulqulluu dubbisuuf karaan nu gargaaruu gochaan isaa maaliidha ?<br>2. Macaafa qulqulluu irraa deeddebinee dubbisuu , karaa fooyya'een hubachuu fi jireenyaa keenyaaf hiiku akka dandeenyuuf waaqayyoon akka nu haa gargaaruu. |

| | **A8 – Sad. 3**<br>**Barumsa 3 – KIristanaa ta'uu.**<br>**Barnoota – Akkamitti kadhachuu qabna ?** | **A8 – Sad. 4**<br>**Qu'aannoo 3 – Kiristana ta'uu.**<br>**Barnoota – Waaqayyoof jirachuu.** |
|---|---|---|
| | **Xiyyeeffannoo macaafa qulqulluu:** ***Mate. 6: 5-15***<br>**Luqqisii furtuu:** ***Mate.6: 8***<br><br>**Kutaa kana keessaatti kan barannu kan armaan gadiiti.**<br>1. Dhabbataan kadhachuun nurra jira malee , gafuma wantoonni nu jala bade kadhachuun nurraan jiruu.<br>2. Kadhannaan keenyaa dheeraafi kanumaa ofii keenyaa ta'uu in qabuu.<br>3. Kadhannaan gooftaa keenyaa , kadhannaan keenyaa maal fakkachuu akka qabuuf kadhanna fakkeenyummaaf nu gargaaruudha. | **Xiyyeeffannoo macaafa qulqulluu:** ***Yoha. 15: 1-17 fi Gala. 5: 22-23***<br>**Luqqisii furtuu:** ***Yoha. 15: 5***<br><br>**Kutaa kana keessaatti kan barannu kan armaan gadiiti.**<br>1. Kiristanoonni guyyaa hunda yesusiin fakkachaa deemuu qabu.<br>2. Fakkeenyaa Muka wayni fi dame irraa akkuma arginuutti , nutis garaa isatti dhiyaachuuf icciti ijoodha.<br>3. Kiristanoonni guyyaatti harkaa waaqayyoon qeexa'amuu(dhagna qabamuu) fiirrumaan caalaa ija gaarii godhachuu danda'uun isaan irra jira. |
